Hojiilee keessan keessaa irra caalaa isiniif himuu, akkasumas Rabbii keessaniin biratti irra qulqulluu ishee, sadarkaa keessan ol kaasuu keessatti irra ol aantuu ishee

Abuu Dardaa irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Hojiilee keessan keessaa irra caalaa isiniif himuu, akkasumas Rabbii keessaniin biratti irra qulqulluu ishee, sadarkaa keessan ol kaasuu keessatti irra ol aantuu ishee, warqee fi meetii kennachuu irra caaltuu kan taate fi diina keessan qunnamtanii morma isaanii rukutuu fi isaanis morma keessan rukutuu irra caaltuu kan taate isiniif himuu?» ni jedhan: Eeyyee. Isaanis ni jedhan: «Rabbii ol ta'e zakkaruudha».

[sirrii] [tirmizii, ibnumaajahfii ahmad odeessan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- sahaabaa isaanii akkana jedhanii gaafatan: Irra caalaa hojiilee keessanii fi Rabbii guddaan biratti irra kabajamtuu, irra caaltuu fi irra qulqulluu ishee isiniif himuu fi isin barsiisuu ni barbaadduu? Sadarkaa keessan Jannata keessatti irra ol kaastu? Warqee fi meetii sadaqachuu irra isiniif caaltu? Lolaaf Kaafiroota diina keessan wajjiin wal qunnamtanii, isin morma isaanii rukuttanii, isaanis morma keessan rukutuu irra caaltuu kan taate? Sahaabonni: Eeyyee, nuti akkas barbaanna jedhan. Isaanis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: yeroo fi haala hunda keessatti Rabbii ol ta'e zakkaruudha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3575